Mastii Sanada Ijoo Dubbii

# Bu’aa Qorannoo Timjii/Daangaa Irraa:

## Beeksisa Bu'aa Qorannoo Saamuda Dhiigaa

Sagantaa Qorannaa Daa’imman Reefuu Dhalatanii Minesootaa

**Borderline Newborn Screening Result, Family Fact Sheet—Oromo**

## Bu’aa Qorannoo Timjii Daa’imman Reefuu Dhalatanii

### Qorannoo wal’aansaa daa'imman reefuu dhalatanii irratti maaltu argame?

Qorannoon wal’aansaa daa’imman reefuu dhalatanii walitti qabame daa'imni keessan bu'aa qorannoo timjii/daangaa irraa akka qabu mirkaneeffateera.

### Bu’aan qorannoo timjii/daangaa maal jechuudha?

Bu’aa qorannoo daangaa jechuun qorannoon sun fayyaa ta’uu fi dhiisuu gidduutti ture jechuudha. Bu’aan qorannoo daangaa keessatti kufuu kan danda’u sababoonni hedduun jiru, isaanis:

- Jijjiirama idilee qaama mucaa keessatti yeroo isaan ce’umsa gara naannoo dhalataniitti madaqan
- Mucoolii dursanii dhalatan (yeroo malee)
- Mucoolii da’umsa walxaxaan ykn dhiphina qabuun dhalatan
- Saamuda dhiigaa ho’aa fi jiidhinaaf saaxilamuu
- Wal'aansawwan murtaa'oo haadhaaf ykn daa'imaaf

Yeroo baa’yee, bu'aan argame maaliif daangaa irra akka ta'e ifa miti.

### Itti aansuun maaltu ta'a?

Doktarri mucaa keessanii irra deddeebiin sakatta’iinsa daa’ima reefuu dhalatee ni ajaja. Mucooliin bu’aa qorannoo daangaa irraa qaban baay’een isaanii qorannoo irradeebiitiin fayyaa ta’a. Haa ta’u malee, dhibeen qorannoo daa’imman reefuu dhalatanii irratti mul’atu hamaa waan ta’eef, qorannoo sana irra deebi’uun daa’imni keessan rakkoo fayyaa akka hin qabne mirkaneessuun barbaachisaa dha.

### Bu’aa qorannoo irra deebi’amee kan mucaa kootii akkamittan argadha?

Saamudi dhiigaa daa’ima keessanii laaboraatoorii qorannoo erga ga’aniin booda, qorannoon battalumatti jalqaba garuu guyyoota hedduu fudhachuu danda’a. Bu’aan qorannoo doktara ykn kilinika mucaa keessaniif ni kennama.

### Yoo qorannoon irra deebi’ame fayyaa ta’uu agarsiise hoo?

Bu'aan isaa fayyaa yoo ta'e, qorannoon ykn yaaliin addaa hin barbaachisu. Bu’aa qorannoo daangaa irraa waliin walqabatee kunuunsi fayyaa dabalataa hin barbaachisu. Gaaffii yoo qabaattan, maaloo hakiima mucaa keessanii wajjin haasa’aa.

### Yoo qorannoon irra deebi’amee daangaa irra ykn ammas kan hin baramne/fayya-maleessa ta’e hoo?

Yoo qorannoon irra deebi’amee daangaa irra ykn kan hin baramne ta’e, doktorri keessan waa’ee qorannoo dabalataa ykn yaala mucaa keessan barbaachisuu danda’u isinitti hima.

### Maddeen Odeeffannoo

**Wabiilee Genetics Home Irra jiran:**
http://ghr.nlm.nih.gov

**Mucoolii Karaa Qorannoo Faawundeeshinii Baraaruu:**
www.savebabies.org

**Qorannaa Jalqabaa Mucaa:**
www.babysfirsttest.org

DEPARTMENT OF HEALTH Sagantaa Qorannaa Daa’imman Reefuu Dhalatanii, 601 Robert St. N., St. Paul, MN 55155
Bilbila (800) 664-7772, Faaksii (651) 215-6285 ***turjumaanonni ni argamu**

REV 07/2018